Labsii Lak. 133/2000

Labsii Manneen Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bulchuu, Mirga Dabarsuufi Raawwannaa Isaa Murteessuuf Bahee Lak. 122 /1999 Fooyyessuuf Labsi Bahe

Labsii Lak. 122/1999 keessatti carraa mana argachuu mana dhabeeyyii haala dhiphisuun kan tumame fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kanatti aanu labsameera.

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun ''Labsii Manneen Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bulchuu, Mirga Dabarsuufi Raawwannaa Isaa Murteessuuf Bahe Lak. 122 /1999 Fooyyessuf Bahe Lak. 133/2000," jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Fooyya'iinsa

1) Keewwanni 2(1) (c)n haqamee jira.
2) Keewwata 2(11)tti aanee Keewwattoonni xiqqaa haaraan (12) fi (13) dabalamaniiru.

"2 (12). "Boordii Magaalaa," jechuun sadarkaa magaalaatti hojii Sagantaa Misooma Manaa Qindaa'e (SMMQ) olaantum-maadhaan hoogganuuf qaama dhaabbate jechuudha.

2 (13). "Naannoo Magaalaa," jechuun ganda baadiyyaa ykn magaalaa aanaa magaalli ijaarsi manneen kodominiyeemii keessatti argamu jechudha."

3) Keewwanni 4 (3) haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'eera.

"4(3). Namni mana barbaadu iyyata galfatu keessatti wanti tuqame hundi dhugaafi sirrii ta'uusaa mirkaneessee mallatteessuu qaba. Ragaan inni dhiyeesse soba ykn kan sirrii hin taane taanaan manaafi mirgoota ragaa kanaan argate hunda ni dhaba. Yeroo haala kanaan manicha keessa tureef haala kiraa mana wal fakkaataa gabaarraa ilaalee gatii Bulchiinsi Magaalaa murteesseen kiraa kaffalu qaba."

4) Keewwata haaraa 4(3)tti aanee Keewwanni xiqqaan haaraan 4 dabalamee jira.

"4(4). Qonnaan bulaan naannoo magaalaa, magaalaa manni kondominiyemii keessatti ijaaramu keessa mana yoo hin qabneefi ulaagaalee namni mana barbaadu guutuu qabu biroo guutee yoo argame, akka jiraataa magaalaa sanatti ilaalamee carraa mana argachuuf ba'u keessatti qooda fudhachuu ni danda'a."

5) Keewwanni 6 Keewwatoonni xiqqaan (3) fi (4) haqamanii jiru.
6) Keewwanni 7(2) haqamee, kan kanatti aanuun bakka bu'eera.

"7(2). Manneen ijaaree akkataa seeratiin ni galmeessisa, ykn karaa qaamota bakka bu'ummaa kenneefiitiin wanti barbaachisaa ta'e guutamee akka galmaa'u ni taasisa."

7) Aangoofi hojiin Keewwata 7 Keewwattoota xiqqaa 1-14 jalatti Waajjira Pirojektii Misooma Manneenii Oromiyaatiif kennamee ture haqamee aangoofi hojii Bulchiinsa Magaalaatti dabalameera.
8) Akkaataan qooda fudhannaa qaamaafi namoota akka dursi kennamuuf taasifamuu, Dambii Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa baasuun murtaa'a.

3. Yeroo Labsichi Itti Ragga'u

Labsiin kun Mudde 21, bara 2000 irraa eegalee kan ragga'e ta'a**.**

Finfinnee,

Mudde 21, bara 2000

Abbaaduulaa Gammadaa

Pireezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa